# سُورَةُ النَّازِعَاتِ
# Suuraa Naazikgaat

*Dura dursoo suuran tun {suuratunnaazi-kgaati}je'amti — قبل كل شئ هذه سورة النازعات

*Isiin suuraa makkaati . — وهي سورة مكية

*Aayatoonni isi'ii afurtamii jaha{46} — وآياتها ستة وأربعون{٤٦}

*Lakkooysi is'ii torbaatamii sagal {79} — وعددها تسع وسبعون {٧٩}

*Isiin eega suuraa {naba'ii } buute — نزلت بعد سورة النبـأ

*jalqabni maqaa ,Rabbii rahgmata qabuutii. — بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Malaaykaa ruuhgii kuffaaraa fuutu — وَٱلنَّٰزِعَٰتِ

**1}***Fuudhinsa jabaa, hoggaa inni du'u kees-saa fuutun isiniif khakhadhee. — غَرۡقٗا ﴿١﴾

**2}***Ammallee malaaykaa ,hoggaa mu'minni du'u, suuta lubbuu yookaa ruuhgii keessaa fuutun isiniif khakhadhee. — وَٱلنَّٰشِطَٰتِ نَشۡطٗا ﴿٢﴾

**3}***Ammallee malaaykaa waan Rabbiin itti ajajeen sami'ii buutun isiniif khakhadhee . — وَٱلسَّٰبِحَٰتِ سَبۡحٗا ﴿٣﴾

**4}***Ammallee ,malaaykaa’ daftee ,ruuhgii ,mu’minaatin jannatatti ceetun isiniif ka-kadhee. — فَٱلسَّٰبِقَٰتِ سَبۡقٗا ﴿٤﴾

**5}***Ammallee, malaaykaa , dalaysii sun ga-broota Rabbii ,harka kaayamte takkaa amrii dalagaa addunya'aatin , sami'ii buutun ,isinii khakhadhee ,yaa warra Rabbitti amanuu didu ,yookaa eega du'anii qabriii kaafamuu dhugo'oomsuu didu , guyyaa qiyaama'aa , kaafamu'uuf teessanii beekaa. — فَٱلۡمُدَبِّرَٰتِ أَمۡرٗا ﴿٥﴾

**6}***Guyyaan sun guyyaa garriin afuufa-miinsa Duraa kan garrii saniin wanni hundi lafarraa sossootu kan wanni hundi bakka jirtuu lafa dhooytu ,{tarjufu}: sos-sooftu {raajifah}sossooftun jechu'.isiin maqaa ,garri'iitii. — يَوۡمَ تَرۡجُفُ ٱلرَّاجِفَةُ ﴿٦﴾

**7}***Ta ,raadifaan isii jala deemtu raa Difaan ,maqaa garrii lammadaa tan garrii duraa — تَتۡبَعُهَا ٱلرَّادِفَةُ ﴿٧﴾

jala deemtu. garriin hoggaa lama , guyyaa tokko keessatti afuufamti. Guyaan tokko garrii lamaanifuu ni bal'ata. waan guyyaan aakhira'aa dheeraa tayeef garrii lamaan jidduun bara afurtama. namni garrii afuufu israafiil afuuffan duraa ta waa fixxu tan lammadaa ta waa kaaftu takkaa jiraachiftu.

قُلُوبٌ يَوْمَئِذٍ

*Gaafa garriin afuufamtee qiyaaman dhaabbatte, qalbiin namuutuu

وَاجِفَةٌ ﴿٨﴾

**8}***Sodaattu'uu ni boochifti

أَبْصَارُهَا خَاشِعَةٌ ﴿٩﴾

**9}***Ijji namuutuu gaafas, waa laaluu sodaatti wanni itti mul'atu hammaatuu keessa.

يَقُولُونَ

*Ormi kuffaaraa sun,wanni qishna'aaf , jecha je'u

أَءِنَّا لَمَرْدُودُونَ

*Si , dhugumaani,nuti deeffamnaa ? .

فِي ٱلْحَافِرَةِ ﴿١٠﴾

**10}***Akka duritti. akkana jechuun isaanii , eega duunee jiraachifamnaa jechu' .

أَءِذَا كُنَّا عِظَامًا

*Si eega lafee.

نَّخِرَةً ﴿١١﴾

**11}***Adda.Bubuutee, dhumte taanee, lammada kaafamnaa ? takkaa jiraachifamnaa ? je'an .

قَالُوا۟ تِلْكَ

*Ammas wanni isaan ifiin je'an , jiraachifamuun keenya kun .

إِذًا كَرَّةٌ

*yoo dhuguma tayee , kaafamne.

خَاسِرَةٌ ﴿١٢﴾

**12}***Sun deebii khasaara'aati. waan isii keessa qixaaxamu'uu taa'aniif .

فَإِنَّمَا هِىَ

*duuba garriin,lammadaa sun

زَجْرَةٌ وَٰحِدَةٌ ﴿١٣﴾

**13}***Afuuffuma, takkitti'ii ,hoggaa ,takkittiin, sun ,afuufamtemte.

فَإِذَا هُم

*Wanni Rabbiin uume hundi.

بِٱلسَّاهِرَةِ ﴿١٤﴾

**14}***bayaniiti, dachii gubbaa dhaabb atan eega du'anii awwaa lamanii garaa dachi`ii keessa turanii bakkeen isaan dhaabbatan sun ,dirree qiyaama'aati , duuba namni kun dura jiru ,takkaa eeggatu ,akkamiin amanuu dida? haa tayuu kaafirri ,waan boru isa mudatu ,hanga ijaan arguu hin beekhu. ammoo hoggaa arge ,sheenayu'uuf taa'aa gaafas sheenan,isan fayyaddu.

هَلۡ أَتَىٰكَ حَدِيثُ مُوسَىٰٓ ﴿١٥﴾

**15}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad , oduun nabi muusa'aa si geessee sii dhuftee?.

إِذۡ نَادَىٰهُ رَبُّهُۥ بِٱلۡوَادِ ٱلۡمُقَدَّسِ

*Oduun muusa'aa bakkeen irraa kaatu ,gafa rabbiin laga xahaaramaa , kabajamaa .

طُوًى ﴿١٦﴾

**16}***{Xuwaa} je'amutti isa yaamee dubbisee.

ٱذۡهَبۡ إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ

*Mootii misraa firkgawnatti dhaqii karaa rabbii qajeelchii je'een .

إِنَّهُۥ طَغَىٰ ﴿١٧﴾

**17}***Firkgawna kafaree ,kufrii keessa wasanaa bayee an Rabbi ifiin je'ee.

فَقُلۡ

*Je'iin.

هَل لَّكَ إِلَىٰٓ أَن تَزَكَّىٰ ﴿١٨﴾

**18}***Yaa firkgawna, karaa an itti si yaamu ,kan si qulqulleysu narraa qeebaltaa ? narraa qeebali jechu'. sun kufri'irraa qulqullooytee Rabbii tokkichatti amanu'uu {ashhadu an laa ilaaha illallaahu} je'ii qulqullaayi kufriin najisaa.

وَأَهۡدِيَكَ إِلَىٰ رَبِّكَ

*Ammallee karaa Rabbii kee beeku'uutan si ,barsiisaa, waanan siin je'u dhagayii, qabadhu.

فَتَخۡشَىٰ ﴿١٩﴾

**19}***Karaa kanaan Rabbi sodaattee waan sii tolu dalaydee , waan siin tolle dhiiftaa .

فَأَرَىٰهُ ٱلۡأٓيَةَ ٱلۡكُبۡرَىٰ ﴿٢٠﴾

**20}***Duuba nabi Muusan , mukgjizaa isaa saylan keessaa, tan irra guddo'oo, firkgawna agarsiise akka mukgjizaa saniin Muusaa rabbiitu ergee hubatee amanuuf jecha , mukgjizaan waan Rabbiin akkaataa namni itti barerraa maysee, uumu akka ibidda nama gubu, akka nama hin gubne godhu'uu, akka joollee dubbiin gayin dubbisu'uu, akka mukha waan nyaanne nyaachisiisu'uu, {mukgjizaa} Rabbiin nama ifii ergeef kenna, anaatu ergee, nama beysisu'uu jecha mukgjizaan guddoon nabi Muusan ,firkgawna agarsiise, harka isaa kan dukkana ibsu, takkaa ulee isaa tan waa hunda taatee, waa hunda dalaydu.

فَكَذَّبَ وَعَصَىٰ ﴿٢١﴾

**21}***Duuba firkgawna nabi muusaa kijibsiisee Waan Rabbiin je'een qeebaluu dide, eeguma mukgjizaa argee

ثُمَّ أَدۡبَرَ يَسۡعَىٰ ﴿٢٢﴾

**22}***Eegasumaa Rabbitti amanu'urraa ,gara galee, lafa balleessu'uu , ka'ee hidhate.

فَحَشَرَ فَنَادَىٰ ﴿٢٣﴾

**23}***Warra falfala beekhufii ashkara isaa ,ummata isaa walitti qabee .

فَقَالَ أَنَا۠ رَبُّكُمُ ٱلۡأَعۡلَىٰ ﴿٢٤﴾

**24}***An Rabbii keessan gudda`aa Ra bbiin naa olii hin jiruu waan muusan je`u hin dhagayinaa je'een .Inumaa .hanganattin dhaabbannee, nabi Muusa'aafii warra isatti amane hunda, fixu'uuf qophaaye .nabi Muusan san dhageenyan , nama ifii fudhatee ,dheefa irra gad taa'ee, hoggaa baharitti dhufan ,kan firkgawnafii, ashkarri isaan duuba ori'u ,nabi muusan,bahara san ulee isaa ta kgajaa'iba dalayduun dhayee ,baharri guddaan bakka kudha lamatti addaan citeefii,karaa goggogaa tayee, karaa baharaa, kan gaarri bishaanii, gamaa gamana dhaabbatu , yaa'aadhaa bahara san ceyan. kan firkgawnas karaa san isaan duuba ceyu ashkara isaatin wajji,hoggaa warri nabi muusa'aa ,maayyin isaanii,bahara keessaa achi bayu,kan ormi firkgawnaa hundi,bahara seenee jidduu jiru rabbiin bahariin walitti deebi'i je'ee, gaarri bishaanii ,kudha lamaan, walitti jigee ,firkgawnafii,ashkara isaa baharri liqimse.

فَأَخَذَهُ ٱللَّهُ

*Duuba akkasitti,firkgawna,Rabbiin bahara isaatin fuudhee ajjeese,

نَكَالَ ٱلۡأٓخِرَةِ

*Dubbii firkgawna, maayyii je'erratti isa qixaaxu'uu jecha.wanni firkgawna maayyii keessa je'e:ummata walitti qabee, anaatu Rabbii keessan guddaa jechu',

وَٱلۡأُولَىٰٓ ﴿٢٥﴾

**25}***Ammallee waan inni duraan je`erratti , isa qixaaxu'uuf bahara isa nyaachifne wanni firkgawna dur je'e, takkaa duraan je'e : ana malee Rabbii biraatu isiniif jiraa hin beekhu jechu' , jecha isaa kana lamaan jidduu amata afurtamaatu dabre.

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ

*waan firkgawna dalageefii, waan nuti isatti Buufne keessa takkaa waan dubbannee dabarsine san hunda keessa

لَعِبۡرَةً

*Gorsaatu,takkaa waan namni aylii qabu, laalee gorfamuuntu jira,

لِّمَن يَخۡشَىٰٓ ﴿٢٦﴾

**26}***Nama ayli'iin laalee qixaaxa rabbii sodatuf kan Rabbi soda'aaf waan waan rabbiin irraa dhoowwu dhiisee , waan Rabbiin itti ajaje dalaguuf , maalif nama Rabbin sodaanne ,gorsin fayyaduu { nama waaqan sodaanne mataan isaatu kan sodatanii}. Ormi kuffaaraa hoggaa nabi ,muhammad waan hamtuu hin dalaginaa guyyaa boruu irraa gaafatamtanii je'een ,wanni isaan je'an: eega duunee biyyee taanee , maaltu nu deebisuu dandaya je'an , duuba rabbiin kuffaaran akki je'e:

ءَأَنتُمۡ أَشَدُّ خَلۡقًا أَمِ ٱلسَّمَآءُۚ

*Si uumaa teessanimoo ,eega duutanii lam-

mada isin uumee qabri'ii isin kaasu'umoo uumaa sami'iitu irra jabaata ? uumaa sami'iitu irra jabaata jechu'. duuba inni samii uume akkamitti isin uumee , isin hin deebifne , mee samii ol laalaa , ajaa'iba gartanii,

**27}***Rabbiin isa samii uumee ,takkaa jaaree.

بَنَىٰهَا ﴿٢٧﴾

*Jaarmaya isi'ii furdisee ,akka gombisaa manaa godhee,ol fuudhee,

رَفَعَ سَمْكَهَا

**28}***Tolchee guute kan bakka takkaan ir'uun qabne.

فَسَوَّىٰهَا ﴿٢٨﴾

*Rabbiin Kan halkan isi'ii dukkaneysee .

وَأَغْطَشَ لَيْلَهَا

**29}***Aduu baasee guyyaa isi'ii ifse.

وَأَخْرَجَ ضُحَىٰهَا ﴿٢٩﴾

*Kan eega akkasitti samii jaaree ,dachii duraan uumee , tuulamtee teessu,

وَٱلْأَرْضَ بَعْدَ ذَٰلِكَ

**30}***Bal'ise akka namni, isii gubbaa jiraatuu dandayutti.

دَحَىٰهَآ ﴿٣٠﴾

*Kan bishaan dachi'irraa baase. Lagooti'iifii ija keessa yaasu'uun.

أَخْرَجَ مِنْهَا مَآءَهَا

**31}***Kan waan horiin dheedu ,kan akka cita'aa, mukaa , ammallee waan namni nyaatu , dachii keessaa baase.

وَمَرْعَىٰهَا ﴿٣١﴾

**32}***kan gaarotii ,dachi'irra dhadhaabe akkan sossoonef

وَٱلْجِبَالَ أَرْسَىٰهَا ﴿٣٢﴾

*Wanni waan dubbanne,sami`iifii dachii Ammallee waan isaan lamaan keessa jiru uumnef isiniifi akka waan uumne saniin qananiitani'iifi, nyaattanii, dhuydanii, uffattanii

مَتَٰعًا لَّكُمْ

**33}***Ammallee akka horiin keessan waan uumne saniin qanani'uufi.

وَلِأَنْعَٰمِكُمْ ﴿٣٣﴾

**34}***Duuba hoggaa hanga jiraattan , waan Rabbiin isinii uume kanaan qananiitanii , eegasii duutanii, isinii qabrii keessa jiru {xaamman} guddoon dhufte {xaamman} guddoon garrii lammeysa'aati, kan namuu jiraatee akka duritti debi'ee qabri'ii ka'u.

فَإِذَا جَآءَتِ ٱلطَّآمَّةُ ٱلْكُبْرَىٰ ﴿٣٤﴾

**35}***Guyyaan sun,guyyaa namni hundi waan addunya'arratti dalage yaadatu .

يَوْمَ يَتَذَكَّرُ ٱلْإِنسَٰنُ مَا سَعَىٰ ﴿٣٥﴾

**36}***Ammallee guyyaa ibiddi jahannam ,nama argu hundaaf mul'ifame.

وَبُرِّزَتِ ٱلۡجَحِيمُ لِمَن يَرَىٰ ٣٦

**37}***Gaafa san nama kafaree wasanaa bayee.

فَأَمَّا مَن طَغَىٰ ٣٧

**38}***Jiruu aakhira'aa dhiisee jiruu addunya'aa maraxate, waan nabseen feetu jala deemee.

وَءَاثَرَ ٱلۡحَيَوٰةَ ٱلدُّنۡيَا ٣٨

**39}***Ibiddi jahannam mana isaa kan zalaalamiidhati .qixaan'i nama akkasii ibidda jaba'aan zalaalamii gubatu'.

فَإِنَّ ٱلۡجَحِيمَ هِيَ ٱلۡمَأۡوَىٰ ٣٩

*mmallee namni guyyaa boruu waan hamtu'uun fuula Rabbii isaa dura dhaabbatuu sodaatee , Rabbitti amanee ,

وَأَمَّا مَنۡ خَافَ مَقَامَ رَبِّهِۦ

**40}***Nabsee waan hamtu'utti nama kaaftu , waan hamtuu isiin ,itti isa ka afturraa dhoowwe, kan akka hamaa hannaa sharmuuxumma'aa takkaa gumnumma'aa , nama ganu'uu ,doyn'umma'aa ,ammallee waan biraa , kan nafseen jaalattu , hundarraa ittise.

وَنَهَى ٱلنَّفۡسَ عَنِ ٱلۡهَوَىٰ ٤٠

**41}***Nama akkanaa kana, guyyaa boruu jannataatu mana isaati. kan zalaalamii keessa qubatu,waan inni addunya'arratti, waan nafseen feetu kan Rabbiin hin jaallanne hunda,dhiisef jecha. guyyaa boruu namni bakka lamatti baya: kan addunya'arratti karaa rabbii qabatuu dideefii kan karaa rabbii qabatu duuba kan karaa Rabbii dide manni isaa ibidda. ammoo kan karaa Rabbii qabate manni isaa jannata .

فَإِنَّ ٱلۡجَنَّةَ هِيَ ٱلۡمَأۡوَىٰ ٤١

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad , ormi kuffaaraa , guyyaa qiyaama'arraa si gaafata .

يَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلسَّاعَةِ

**42}***Qiyaaman yoom dhaabbatti ,takkaa yoom argamti je'anii .

أَيَّانَ مُرۡسَىٰهَا ٤٢

**43}***Yaa ergamaa kiyya ,ati waytii ,yookaa yaroo qiyaaman dhuftu ,beekhu`urraa ,maal keessa jirtaa si gaafatan? ati waytii qiyaaman dhuftu ,beekuu hin qabdu .

فِيمَ أَنتَ مِن ذِكۡرَىٰهَآ ٤٣

**44}*w**aytii qiyaaman dhuftu beekun gara Rabbii keetiti deebitii, isa malee , namni beekhuu dandayu hin jiruu maal isaanii himtaa si gaafatan

إِلَىٰ رَبِّكَ مُنتَهَىٰهَآ ٤٤

إِنَّمَآ أَنتَ مُنذِرُ
*Ati wanni si ergineef, waan biraati fii mitii guyyaa qiyaama`aa dubbattee ,waan gaafas argamu himtee, azaaba Rabbii nama sodaachisu, haa tayuu namni waan sirraa dhagayuun qajeelu. Yookaa gorfamu.

مَن يَخْشَىٰهَا ﴿٤٥﴾
**45}***Nama qiyaamaa sodaatu .namni azaaba qiyaama`aa hin sodaanne, waan ati jettuun hin qajeelu

كَأَنَّهُمْ يَوْمَ يَرَوْنَهَا
*Guyyaa qiyaama`aa san hoggaa jiraatanii, qabri`ii kaafamuu if argan ,wanni isaanitti fakkaatu .

لَمْ يَلْبَثُوٓا۟
*Akka waan qabrii keessa ,eega du`anii hin taa`inii .

إِلَّا عَشِيَّةً
*Asrii,yookaa galgala , guyyaaa tokkoo yoo taate malee ,

أَوْ ضُحَىٰهَا ﴿٤٦﴾
**46}***Takkaa , ganama guyyaa tokkoo yoo taate. malee akka waan waytii dheertuu hin taa`iniiti itti fakkaata {kgashiyyah} jechuun :zguhri'irraa hanga maghribatti.{dguhgaahaa} ganamarraa hanga zguhri`itti jecha.